homes victoria

50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

**OFFICIAL**

Jiraataa
Victoria Street and Holland Court
FLEMINGTON

Kabajamoo jiraatoo

Waa’ee adeemsa Ijaarsa Mana Jireenyaa Gurguddaa Hooms Viktooriyaa fi sagantaa irra deebiin misoomsuu sadarkaa olaanaa isin beeksisuuf isiniif barreessaa jirra.

Sadarkaan itti aanu bakkoota 7 irratti adeemaa jira. Kana jechuun jiraattota ammaa fi gara fuula duraatiif mana fooyya’aa, nageenya qabuu fi mijataa ta’e naannoo magaalaa 9 keessatti dhugoomsuuf hojjechaa jirra.

Beeksisni har'aa kun manneen olka'oo naannoo keessanii irratti dhiibbaa kan uumu yoo ta'u, jiraattota kana waliin yeroo hunda wal qunnamna. **Gamoo yookiin mana keessanirratti dhiibbaa hin qabu.**

## Har'a maaltu labsame?

Har'a, waa'ee sadarkaa itti aanuu ilaalchisee jiraattota gamoowwan kana keessaa waliin mari'anneera:

- 25 fi 27 Kiing Stiriit, Piraan
- 150 Inkerman Stiriit, Sent Kildaa
- 150 Viktooriyaa Aveenuu, Albert Paark
- 159 Melrooz Stirrit, Noorz Melboorn
- 29 Kraawun Stiriit, Flemingtan
- 94 Ormoond Stiriit, Kensingtan

Adooleessa 2026 hanga Amajjii 2028tti maatii kana waliin walitti dhiyeenyaan hojjechuun gara mana jireenyaa mijataatti akka ce’an ni gargaarra.

## Manneen haaraa naannoo keenyatti ijaaraa jirra

Filannoo qubsuma jiraattota kanaa deeggaruuf manneen jireenyaa haaraa qulqullina qabu duraanuu naannoo sanatti hojjetamaa jiru. Kanneen bara kana keessa xumuraman yoo ta'u kanneen armaan gadii dabalatu:

- Esseks Stiriit, Piraan
- Baraak Beeken, Poort Melboorn
- Saymens Stiriit, Saawuz Yaaraa
- Hooland Koort, Flemingtan

Manneen kanneen ho’uu fi qabbaneessuuf salphaa akkasumas, namoota fedhii sochii qabaniif mijataa, nageenya, ifaafi afarsituu qilleensaa fooyya’aa akkasumas barandaa fi kutaa miiccaa dhuunfaa kan qabanidha.

## Ollaa keessanitti

Sochii isaanii xumuruuf maatii muraasa hafan 12 Hooland koort fi 120 Reeskoors Rood irratti deeggaraa jirra. Diigiinsa jalqabuuf osoo qophaa’aa jirruu, dizaayinii mana haaraatiif galtee hawaasaas ilaalaa jirra. Mul’anni kun manneen haaraa qulqullina qaban naannoo dizaayinii gaarii qabuu fi walitti hidhamiinsa gaarii qabu keessatti argama.

Gama biraatiin, manneen haaraa fi meeshaaleen hawaasaa misooma haaraa Holland Court bara kana xumuramuu kan qaban yoo ta’u, yeroo dhiyootti dizaayinoota paarkii giddugaleessaa haaraa iskuweer meetira 5000 ta’e isiniif qoodna, kunis bara kana xumurama.

## Waa'ee sagantaa deebisanii ijaaruu

Manneen olka’oon durii Melboorn manneen haaraa sadarkaa ammayyaa mijataa, dhaqqabummaa fi anniisaa qusachuu guutaniin bakka bu’u. Gamoowwan kana irra deebiin misoomsuun jiraattonni ammas ta’e gara fuulduraatti mana nageenya qabu, mijataa fi fedhii isaaniif malu keessa jiraachuu akka danda’an mirkaneessaa jirra.

## Nu waliin turuudhaan odeeffannoo haaraa argadhaa

Manni keessan qaama sagantaa deebisanii misoomsuu manneen olka’oo miti, garuu jijjiiramni naannoo keessan keessatti ta’aa jiru hubachuu dandeessu. Sadarkaa pirojaktichaa hundaatti odeeffannoo haaraa isiniif kennuuf isin waliin jirra.

Akkasumaswaan naannoo keessanitti ta’aa jiru ilaaluuf marsariitii keenya homes.vic.gov.au dawwachuu akkasumas odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa’uu dandeessu.

Kabajaa wajjin

**Simon Newport**
Hojii Gaggeessaa Olaanaa
Hooms Viktooriyaa

28/01/2026